Hojiilee Tajaajila Lammummaan Ganna bara 2013tti Hojjetaman

Hojii barnootaa bu'a qabeessa taasisuuf karaa baratameen qofa osoo hin ta'iin yaadamoota haaraa (New initiatives) maddisiisuun kallattii hanqinootni turan guutamuu, rakooleen jiran itti furamuu danda'an faluun murteessaadha. Waan ta'eef, Biiroon Barnoota Oromiyaa dhimma barnootaa ajandaa hoggansa sadarkaan jiruu gochuun hawaasa bal'aa sochoosuun hirmaannaa hawaasa bal'aafi tola ooltotaa hojii barnootaa keessatti qooda fudhachiisuuf addatti karoorfatee hojjechaa jira. Bu'uuruma kanaan hojii kenna tajaajila lammummaa bara kanaa irratti yaadamoota haaraa (new initiatives) 11 maddisiisuun karoorfamee hojiitti galameera. Hojiiwwan kunneenis maal maal fa'a? isa jedhuuf, Kanneen asiin gaditti tarreeffamaniidha.

1. Ga'eessotaa 3,000,000 barsiisuu
2. Manneen Barnootaa Sadarkaa 1ffaan Duraa 3000 ijaaruu
3. Daree dabalataa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa 11,300 ol ijaaruu
4. Kitaabilee Wabii 3,000.000 Walitti Qabuu
5. Biqiltuu mil. 91 ol Dhaabuu fi Kunuunsuu
6. Mana Jireenyaa barsiisotaa Aanaalee Horsiisee Bulaa 15,000 gahu ijaaruu
7. Daree barnootaa Moofaa 1700 ol suphuu
8. Barattoota Harka Qalleeyyii 10,000 gargaaruu
9. Mana Fincaanii 700 Ijaaruu
10. Tajaajila ibsaa mana barumsaa 3600 guutuu
11. Dhiyeessii bishaanii mana barumsaa 3000 guutuu
12. Manneen Barnootaa sad. 1ffaa fi 2ffaa 16,000 ol ta'an Magariisa taasisuu